Geerarsa Oromoo

****

Geerarsi dhaadannoo namoonni dhaadatan,akeeka jiruufi jireenyaaf qaban kan ittiin agarsiisan, gootummaa hojiiisaaniirratti qaban kanittiin beeksifatan, hawwii fuuladuraa kan ittiin ibsataniifi malleen ittiin cookkatanidha. Geeraraan geerarsaan eenyummaa, fedhii, hawwii, komii, gaddaafi gammachuu isaa ittiin ibsata.Haaluma kanaan geerarsi armaan gadii kun ergaafi qabiyyee garaagaraa kan of keessatti qabatudha.

Takkaa Bookkisuu laataa

Narraan fokkisuu laataa

Takkaa barooduu laataa

Narraan bareeduu laataa

Weenniin lagarra bulee

Eegeen bissii fakkaataa

Dura geeraran malee

Booddee machii fakkaataa

Takkan irra didichaa

Akka baasaa dinnichaa

Takkaan irraa wakgodhaa

Akka baasaa goommanaa

Akka goommana birraa

Akka foormataa dirraa

Abbaakoo Gashareekoo

Nageesse dabareenkoo

Dabareen tikaaloonii

Taraan dhiiraa geerarsaa

Maafan dhiisa dheekkamsaa

Maafan taraa dabarsaa

Nageesse kaadabareen

Nageenyaanan jammaree

Abbaabulee sin waamaa

Michuun maccaaf tuulamaa

Maafan waamii keedhiisaa

Adeemsa karaattillee

Kajeellii gandaattillee

Hamman kufeecabutti

Hamman du'eebadutti

Samaree tahaamee tan qamadiimmoo dhiisaaree

Abbabbuleekoo waamee tan harmeekoommoo dhiisaaree

Harmeen korommii deessuu

Hamma gogorrii hingeessuu

Harmeen kukummaa deessuu

Hamma bulaallaa hingeessuu

Harmee kooti yaa haadha Guutuu

Goomattuun kee haaduutuu

Yaa ishee dooccootti hinnaqnee

Baarmeelii dhiqximalee

Yaa ishee qoonqoon hindagnee

Hiyyeessaaf hirtimalee

Adoolessi hin bubbisuu bishaan addeessee darbaa

Deega firri hin dubbisuu ijaan ajjeesee darbaa

Utaalchoo laga bal'aa

Borofatu danda'aa

Kan jedhan dabarfachuu

Taa'ees bara eeggachuu

Ilma namaatu danda'aa

Fardatu garbuu lixee

Achumaan gangalatee

Baratu darbuu didee

Achumaan wasallatee

Ammaa darbayoo darbee

Gaafa saani adiin dhalee

Gaafa waaqni waliigalee

Gaafa hiikama sayyoo

Gaafa hiikaa waaqayyoo

Bishaan hamaan Gudarii

Kan gabaabaan hin ceenee

Kan dheeraan durgummatuu

Dhukkubni hamaan deegadhaa

Kan namni namaa hin beeknee

Kan abbaan dhukkubsatuu

Deegakooisafarrisaa

kan keemaalan callisaa

Tur amman si fannisaa

Muka arbaa daraarettii

Dhala abbaan abaaretti

Muka dameen qabnettii

Akka baddee hin gallettii

Deegni nama salphisaa

Isa guddaa xiqqeessaa

Kankee maalan callisaa

Dhaqeen lafatti odeessaa

Qotiyyoo cimdii godheen deega ofirraa balleessaa

Surree jilbarraan dhumtee abbaatu waraannataa

Deega ijoollummaan dhuftee abbaatu tattaafataa

Surreekoo dhuman oollee baga jilbarraan dhumtee

Anuu siwaraannadhaa deegakoo dhufan oollee

Baga ijoollummaan dhuftee anuu sitattaafadhaa

Anoo beeka anoo beekaa anoo hundattuu beekaa

Akka shaarmuxaa leeqaaanoo hundattuu baree

Akka shaarmuxaa jaree

Qottuu wajjiniin gindii barataa wajjiniin biirii

Haamtuu wajjiniin maacidii hiriyyaa koonaafidii

Anoo beeka anoobeekaa jaalala firaa beekaa

Barcumakaa'eeneegaajibbaxalaataabeekaa

Daariittiejjedheeneegaabeekamaafanwallaalaa

DeegaaAllaattiituawwaalaa

Daagujjaanyaadheetaniinbifabahuundadhabee

Namnidaagujjaanyaatuuakkamiinbifabahaa

Waanguddaayaadeetaniinbiragahuundadhabee

Namniwaanguddaayaaduuakkamiinbiragahaa

Daagujjaamataadiimaawarrikeenyahinqotanii

Warraqotetubeekaagadheegaraafincaanii

Warri keenyahindhalchaniiwarradhalchetubeekaa

Attamiinkarrabanuukakaksaniitumalee

Akkamiindhiiraganuukakataniitumalee

Kakaksees karran banuu ittuman diiga malee

Kakadhees dhiiran ganuu ittuman dhiisa malee

Mee takkaan raajii raajaa nadheen areedan qabduu

Kan haadhoo re'ee raajaa durbi dur hin geerartuu

Kan baranaasoo raajaa

Okkolaan gaara jibbaa, naafti irraan gadee jibbaa

Ballaan qilleensa jibbaa , suuloon awwaara jibbaa

Kan waaqayyo isa jibbe maal haadhasaaf najibbaa

Anoo firakoof dhibbaa

Hattuun horii qalattee yahorii jimmaa jettee

Yartuun ilmaas dhalattee yatokkichummaa jettee

Tokkichummaaf du'uuree lamaaf du'a ooluuree

Gubaalessi aaraaree gubataan daraaraaree

Namni aaree gubatee biyya abbaasaaf aaraaree

Kuti kutiin handaaqoo lafa garbuutti yaatee

Duti dutiin garaakoo nadaddarbuutti kaatee

Nan daddarbiin yagaraa barri ni darbaa hadaraa

Utaalaan fuuloo kutaa didaan luugama kutaa

Namni ilma gahe qabu roorriftuu ofirraa kutaa

Galab galab nagodhaa akka galabaa garbuu

Akka waan narraa darbuu

Akka ameessa dhalee

Akkadabeessagahee

Ameessidhaleengurraa

Muchidoomeensalphinaa

Ilmidhalateengurraa

Nidaboomeensalphinaa

Mucaankeedabeessaaree

Galeeswaaodeessaaree

****